Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

CHILD CARE SUBSIDY PROGRAMS (CCSP)

Xalayaa Ajajaa CCSP

CCSP Authorization Letter

LAKKOOFSA BILBILAA GIDDU-GALA QUNNAMTII	LAKKOOFSA FAAKSII GIDDU-GALA QUNNAMTII
LAKKOOFSA ADDA BAASAA MAAMILAA	GUYYAA

☐ Kunuunsa Daa'umaa Waqtaawaa

☐ Toora Kunuunsa Daa'imaa Qunnamuuf Hojjetu

Kunuunsi daa'ima keessanii eyyamamuun Xalayaa Abbaa Birgaa keessanirratti hojii mirkanaa'e irratti hundaa'aa.

Kunuunsi daa'imaa kan eyyamamaafii jiruuf kan ta'uuf ☐ Guyyaa walakkaa ☐ Guyyaa guutuu ☐ Saatii

Kunuunsi daa'imaa kan eyyamamaafii jiruuf kan ta'uuf ☐ Guyyaa walakkaa ☐ Guyyaa guutuu ☐ Saatii

Kunuunsi daa'imaa kan eyyamamaafii jiruuf kan ta'uuf ☐ Guyyaa walakkaa ☐ Guyyaa guutuu ☐ Saatii

Kunuunsi daa'imaa kan eyyamamaafii jiruuf kan ta'uuf ☐ Guyyaa walakkaa ☐ Guyyaa guutuu ☐ Saatii

Kaffaltaa Duraa Tajaajilaaf

Kaffaltaan duraa baasii kunuunsa daa'imaa ga'ee kee waan ta'eef kan kallattiidhaan dhiyeessaa keetiif kaffalamudha. Kaffaltaa waloo kee akka kaffaltuuf yoo barbaadamte, hangi isaaa baayyina maatii keetiifi galii kee kan ji'aa irratti hundaa'a.

☐ Kaffaltiin duraa kan ji'aa kee kan ta'u $ irraa tti .

☐ Kaffaltiin duraa kan ji'aa kee kan ta'u $ irraa tti .

Kaffaltaa waliin kaffalamu kan DSHS tajaajilawwan kunuunsa daa'imaa ji'a kamiifiyyu ta'u kaffaluun isinirraa eegama. Kaffaltaa waloo sirraa eegamu kaffaluu dhabuun, faayidaawwan kunuunsa daa'ima keetii akka dafee addaan citu taasisa.
WAC 110-15-0030 fi 110-15-0110.

Odeeffannoo dabalataa:

Fulbaana 1 irratti daa'imman yoo umuriin isaanii waggaa shanii hanga 12 ta'an DSHS daa'imman kun akka umurii mana barumsaa keessa ga'anitti ilaala. Daa'imni keessa umuriin isaa/ishee waggaa shan ta'ee/taatee garuu jalqaba kanatti mana barumsaa kan hin galle yoo ta'e, lakkoofsa olitti kennameen qunnamaa maaloo.

Dhiyeessaa Kunuunsa Daa'imaa Eyyama Qabu kan Fayyadamtan Yoo Ta'e

Guutummaa bara barnootaa Fulbaana irraa hanga Caamsaatti daa'imman umurii mana barumsaa keessa jiraniif eyyamni guyyaa guutuu ture atattamaan gara guyyaa walakkaatti hir'ifameera.

Boqonnaa yeroo gannaa geessisuudhaaf jecha daa'imman umuriin isaanii yeroo guutuu kan mana barumsaa ta'e eyyamuun guyyaa walakkaa 30 gara 46tti atattamaan ol guddateera.

Yoo eyyama dhiyeessitooa Maatii, Hiriyyaafi Hollaa qabame kan fayyadamtan ta'e

Bara barnootichaatiif Fulbaanaa hanga Caamsaatti daa'imman umurii barnootaa keessa jiraniif ji'a tokko keessatti saatiin 115 ol kan ramadameefii ture gara ji'atti saatii 115 gadiitti atattamaan ni xiqqaata.

Bara barnootichaatti saatiiwwan "Kunuunsa Guyyaa Ayyaana Waggaa Mana Barumsaa", kan ji'a keessatti saatii 35-70 ta'u waan jiruuf dhiyeessaan gaafachuu ni danda'a. Saatiiwwan kunneen yeroo barattoonni umurii barumsaa mana barumsaa keessa hin jirre kan akka dursanii gadi dhiifamuufi guyyoota barnoonni hin jirre ni hammata. Yeroo ji'oota boqonnaa Gannaa Waxabajjii, Adooleessaafi Agayya, ji'a ji'aan "Kunuunsa Guyyaa Ayyaanota Waggaa Mana Barumsaa" hanga saatii 115 ta'an ni jiru. Saanduuqni poostaa "Kunuunsa Guyyaa Ayyaanota Waggaa Mana Barumsaa" jedhu kan bakka dhiyeessaan saatii dabalataaf ittiin gaafatu ni jira.

Dhiyeessitoota Jijjiiruu?

Sababii kamiifiyyu dhiyeessitoota jijjiiruudhaaf karoora kan qabdan yoo ta'e, ykn fedhiiwwan kununsaa keessaniif jijiirama yoo qabaattan akka WAC 110-15-0031 tiin barbaachisutti jijjiiramni kun erga ta'een guyyoota shan keessatti DSHS qunnamuu qabdu.

Hubannoon Kunuunsa Daa'imaa odeeffannoo bilisaa kan loogii hin qabneefi riffeerii maatiiwwan kunuunsa daa'imaa eyyamamaa qulqullinni isaa ol aanaa ta'e barbaadaniif ni dhiyeessa. Karaa 1-800-446-1114 bilbilaa ykn toora interneetiidhaan http://wa.childcareaware.org.

Kunuunsa daa'imaa irratti eyyama kan qabaniifi haalu dugda duubaa baruudhaaf, seenaa eyyamaa baruudhaaf, gabaasaawwan hordofuudhaaf, akkasumas afaan dubbatamuufi kan biroo argachuudhaaf kan deemuu qabdan: **Mirkaneeffannoo Kunuunsa Daa'maa (Child Care Check) kan argattan www.del.wa.gov/check.**

Daa'ima keessaniif waa'ee wantoota guddina daa'immaniif bu'uura ta'aniifi calalliin guddinaaf taasifamu jiraachuu irratti odeeffannoo argachuudhaaf, Fayyaa Maatii Hootlaayin (Family Health Hotlin) tti karaa 1-800-322-2588 bilbilaa ykn gar marsariitii kana deemaa http://www.parenthelp123.org/child-development/child-development-screening-public

Yaaddoo seera eyyamaa cabsuu jiru ykn miidhaa daa'imanirra ga'u ykn bakkawwan daa'ima itti kunuunsaniitti kunuunsa kennuu dagachuu jira jettan kamiyyu karaa kanaa bilbluun beekisaa 1-866-End Harm (1-866-363-4276).

Mirga Iyyachuu

Mirtee kana waliin waliif hin galtu yoo ta'e, waajira kana qunnamuudhaan ykn Office of Administrative Hearings P.O. Box 42489, Olympia, WA 98504-2489. barreessuun iyyachuu ni dandeessa. Iyyata kee gaafachuun sirra jira:

- Guyyaa ykn dursa tarkaanfiin kun itti hojjetu ykn erga darbee guyyoota 10 kan hin caalle erga waa'ee tarkaanfii kanaa beeksisa siif erginerraa kaasee, yoo faayidaawwan argatteefi itti fufuu barbaadda ta'e, ykn
- Erga xalayaa kana fudhattee guyyota 90 keessatti.

Ol-iyyannoorratti, ofii kee bakka of buusuu ni dandeessa, abokaatoon bakka buufamuu ni dandeessa ykn nama biraa filatte bakka buufachuu ni dandeessa. Gorsa seeraa bilisaa argachuu ni dandeessa ykn waajira tajaajilawwan seeraa qunnamuun bukka bu'aa argachuu ni dandeessa.

Himannaawwan Gabaasuu

1-877-501-2233 tiin bilbili ykn 1-888-338-7410 tiin faaksii godhi.

Toorarraan ammoo: https://www.washingtonconnection.org/home/

Ergaa: DSHS Customer Service Contact Center
P.O. Box 11699
Tacoma WA 98411
Adda-baasaa(ID) maamilakeetii tokkoo tokkoo fuula galchituurra galchi.